IslamHouse.com
مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com



OROMO
OROMOO
أورومو

تذكر منزلك بعد الموت

# MANA KEE KA DU'A BOODAA YAADADHU

Qopheessaa
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

# تذكر منزلك بعد الموت

تأليف
الداعية جمال محمد أحمد

OROMO
OROMOO
أورومو

ⓒ **جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة، ١٤٤٢هـ**

**فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر**

أحمد، جمال محمد

تذكر منزلك عند الموت – اللغة الأورومية. / جمال محمد أحمد.- الرياض، ١٤٤٢هـ

٣٢ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٣-٣٠-٤

١- البرزخ ٢- الحياة الاخرى أ. العنوان

**ديوي ٢٤٣ ١٤٤٢/٢٥٤٦**

**رقم الايداع: ١٤٤٢/٢٥٤٦**

**ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٣-٣٠-٤**



This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.



+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.sa

www.osoulcenter.com



Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim



# SEENSA

Maqaa Rabbiitiinin jalqaba. Nagayaaf rahmata nabirrattin buusa, aliifi sahaabas hordoftoota hunda.

Egaa mana keenya kan du'a boodaa kan qabrii jedhamu yadachuu barbaachisa. Jiruun duniyaa tan amma jiraachaa jirru tuni guyya tokko nidhumti. Dhumti isii sun du'a jedhama. san booda jiruu akhiraa yookan ganda irraa boodaatti sienna. Kana keessa rakkoofii qormaata hedduutu jira. Mana du'a boodaa qabriifii waan isaan walqabatu hunda yaadachuun barbaachisaadha. Nabiin Kenya ﷺ "du'a mi'aa jiruu murtuu taate yaadachuu heddummessaa" jechuudhaan nu ajajanii jiran. Yadachuunis faaydaan isaa akka hojii gaarii dalagnee itti qophoofnu nukakaasa. Kitaabni kiyya kan mana kee kan du'a boodaa yaadadhu jedhu kunis kanarratti gorsa guddaa ufkeessaa qaba. Dubbisaa irraa baradhaa isiniin jenna.

**Shekh jemal Shekh Muhammad (Abuu faximah)**
**00966505697461**
**shekhjemal@yahoo.com**
**KSA Riyadh**

# MANA KEE KA DU’A BOODAA YAADADHU

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلى آله وصحبه أجمعين.

Jalqabni maqaa rabbi rahmata qabuutiini

Galanni Rabbiif haa gayu mootii umamtoota hundaa kan tahe. Nagayaaf rahmanni ergamaa isaa kan boodaa nabi Muhammad irratti haabu’u. aalii fi sahaabaa isaaniitis wal haagayu. Kana booda Wanni lubbuu qabaa hundi niduuti. Nutis ilmaan namaa niduuna. Guyyaa qiyaamaa kaafamnee qoratamnee hojii teenyarratti galata galfamna. Galanni sunis nama qajeeleef jannata, kan jallateef azaaba.

Rabbiin s.w. akkana jedha

﴿ كُلُّ نَفْسٍ ذَآئِقَةُ ٱلْمَوْتِۗ وَإِنَّمَا تُوَفَّوْنَ أُجُورَكُمْ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِۖ فَمَن زُحْزِحَ عَنِ ٱلنَّارِ وَأُدْخِلَ ٱلْجَنَّةَ فَقَدْ فَازَۗ وَمَا ٱلْحَيَوٰةُ ٱلدُّنْيَآ إِلَّا مَتَٰعُ ٱلْغُرُورِ ﴾

[آل عمران: ١٨٥]

***“lubbuun hundi du’a nidhandhanmti, isin galata hojii teessanii kan kennamtan guyyaa qiyaamaati. namni***

***ibiddarraa fageeffamee jannata seene dhugaa milkaaye, jiruun duniyaa meeshama daguuti."*** (Aala imraan 185)

Uumamtoonni yeroo hundaa ganamaaf galgala gara mana boodaa kan qabrii sanitti yaa'aatuma jiran. Qabrii bakka itti tortoranii badan sanitti deemaatuma jiran. gayyarraa nama hedduutu du'ee awwaalama.

Qabriim mana sodaachisaadha, Mana namni qalbii qabu irraa gorfamu. mana namni faydaa qabu hundi soodaa isaarraa qajeelu. kunoo mallattoon isaa ummataaf mul'attee jirti.

Ilmi namaa waan isatti asdeemaa jiruufii guyyaa du'a isaatis hinbeeku. Kana yommuu ibsu Rabbiin s.w. akkana jedhe

﴿وَمَا تَدۡرِي نَفۡسٞ مَّاذَا تَكۡسِبُ غَدٗاۖ وَمَا تَدۡرِي نَفۡسُۢ بِأَيِّ أَرۡضٖ تَمُوتُۚ﴾ [لقمان: ٣٤]

***"lubbuun takkalleenuu guyyaa boruu maal akka dalaydu hinbeeytu, lubbuun takkalleenuu biyya tamitti duutii hinbeeytu."*** (luqmaan34).

Yeroon du'aa saa'atiin isii murtooytuudha. Dhiheessuufii fageessuunis hindandayamu. Yogguu kana ibsu Rabbiin s.w. akkana jedhe

﴿فَإِذَا جَآءَ أَجَلُهُمۡ لَا يَسۡتَـٔۡخِرُونَ سَاعَةٗ وَلَا يَسۡتَقۡدِمُونَ﴾ [النحل: ٦١]

***"beellamni du'a isaanii yogguu dhufe boodas hin aanfaman duras hindabarfaman."*** (Annahli 61)

Rabbiin towwbaa qulqulluu towbatutti nu ajaje. Nuti towbannaan badii teenya akka nurra haqu, akka jannata nu seensisu, akka guyya qiyaamaa keessatti ifaan nuuf kennamu nuuf ibsee jira. Kanarratti Rabbiin s.w. akkana jedhe

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ تُوبُوٓا۟ إِلَى ٱللَّهِ تَوْبَةً نَّصُوحًا عَسَىٰ رَبُّكُمْ أَن يُكَفِّرَ عَنكُمْ سَيِّـَٔاتِكُمْ وَيُدْخِلَكُمْ جَنَّـٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَـٰرُ يَوْمَ لَا يُخْزِى ٱللَّهُ ٱلنَّبِىَّ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مَعَهُۥ ۖ نُورُهُمْ يَسْعَىٰ بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَبِأَيْمَـٰنِهِمْ يَقُولُونَ رَبَّنَآ أَتْمِمْ لَنَا نُورَنَا وَٱغْفِرْ لَنَآ ۖ إِنَّكَ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ قَدِيرٌ﴾ [التحريم: ٨]

***"Yaa warra amantan! Tawbaa qulqulluu gara Rabbiitti deebi'aa. Guyyaa Rabbiin Nabiyyiifi warra isaa wajjin amanan hin hoongessine san Gooftaan keessan diliiwwan keessan isin irraa haxaawee Jannatoota jala ishee laggeen yaatu isin seensisuun ni kajeelama. Haala isaan "Yaa Gooftaa keenya! Ifaa keenya nuuf guuti; nuufis araarami; Ati waan hunda irratti danda'aa dha" jedhanuun ifti isaanii fuuldura isaaniitiifi mirga isaanii deema."*** (Attahriim 8).

Rabbiin s.w. akka ibaadaa isaarraa qabeenyaafii ilmaaniin hindagamne nuakeekkachiisee jira. Osoo duuti hindhufneen duratti qabeenya keenya karaa kheyrii keessatti sadaqachutti nuyaamee jira. Guyyaa duuti dhufte gaabbiin akka hinfayyannes nuu ibsee jira. Kanarratti rabbiin s.w. akkana jedhe

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تُلۡهِكُمۡ أَمۡوَٰلُكُمۡ وَلَآ أَوۡلَٰدُكُمۡ عَن ذِكۡرِ ٱللَّهِۚ وَمَن يَفۡعَلۡ ذَٰلِكَ
فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡخَٰسِرُونَ ٩ وَأَنفِقُواْ مِن مَّا رَزَقۡنَٰكُم مِّن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَ أَحَدَكُمُ ٱلۡمَوۡتُ فَيَقُولَ
رَبِّ لَوۡلَآ أَخَّرۡتَنِيٓ إِلَىٰٓ أَجَلٖ قَرِيبٖ فَأَصَّدَّقَ وَأَكُن مِّنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ١٠ وَلَن يُؤَخِّرَ ٱللَّهُ نَفۡسًا إِذَا
جَآءَ أَجَلُهَاۚ وَٱللَّهُ خَبِيرُۢ بِمَا تَعۡمَلُونَ﴾ [المنافقون: ٩-١١]

***“yaa warren amantan qabeenyi keessaniifii ilmaan keessan ibaadaa rabbiirraa isin hindagin, namni kana dalage (ka qabenyaafi ilmaaniin diin rabbirraa dagame) isaan hoongawoodha, waan isinii kenninerraa sadaqadhaa osoo tokkoo keessanitti duuti hindhufneen duratti,yeroo san osoo hinjenneen duratti-”yaa rabbi yeroo xiqqoo maaliif booda nan aansine?amaneeti warren gaggaarirraa tahaa,”yogguu yeroon isii geese lubbuu takkalleewu rabbiin booda hin aansu, Rabbiin waan isin dalaydan hubataadha.”*** (Al-munaafiquun 9-11)

عن ابن عمر رضي الله عنهما، قَالَ: أخذ رسول الله ﷺ بِمِنْكَبي، فَقَالَ : «كُنْ في الدُّنْيَا كَأنَّك غَرِيبٌ أَوْ عَابِرُ سَبِيلٍ».

وَكَانَ ابْنُ عُمَرَ رضي الله عنهما، يقول: إِذَا أَمْسَيْتَ فَلاَ تَنْتَظِرِ الصَّبَاحَ، وَإِذَا أَصْبَحتَ فَلاَ تَنْتَظِرِ المَسَاءَ، وَخُذْ مِنْ صِحَّتِكَ لِمَرَضِكَ، وَمِنْ حَيَاتِكَ لِمَوْتِكَ. رواه البخاري.

Abdallah ilma umar akkana jedhe, Nabiin ﷺ ceekuu tiyya naqabeeti akki jedhe “duniyaa keessatti akka nama biyya alagaa jiruu yookaan akka nama karaa deemuu tahi”

Sanbooda Abdallah ilma umar akkana jedhaa ture. “yoggu dhiisifattee bariisaa hin eggatin, yogguu bariisifatte

galgala hin eeggatin, yeroo fayyaa keetii dalagadhu yeroo dhukkuba keetiitif, jiruu teetitti dalagadhu du'a teetiif." Bukhariitu odeesse.

وعنه: أنَّ رسول الله ﷺ، قَالَ: «مَا حَقُّ امْرِئٍ مُسْلِم، لَهُ شَيْءٌ يُوصِي فِيهِ، يَبِيتُ لَيْلَتَيْنِ إلاَّ وَوَصِيَّتُهُ مَكْتُوبَةٌ عِنْدَهُ». متفقٌ عَلَيْهِ، هَذَا لفظ البخاري.

وفي روايةٍ لمسلم: «يَبِيتُ ثَلاَثَ لَيَالٍ». قَالَ ابن عمر: مَا مَرَّتْ عَلَيَّ لَيْلَةٌ مُنْذُ سَمِعْتُ رسولَ الله ﷺ قَالَ ذَلِكَ إلاَّ وَعِنْدِي وَصِيَّتِي.

Abdallaah ibnu umar irraa odeyfamee nabiin keenya ﷺ akkana jedhan jedhe, "namni muslimaa tokko waan dhaammatu qabaatee osoo dhaamsa isaa barreysee uf bira hin keenye halkan lama buluun barbaachisaa miti," bukhaariif muslimtu odeesse, jechi kun ka bukhaariiti, hadiisa muslimitti "halkan sadi buluun" jedha.

Ilmi umar akki jedhe "eega nabiin ﷺ akkan jedhee halkan takkalleen narra hin dabarre dhaamsi kiyya barreeffamtee na biratti taatu malee."

عن أَبي هريرة ﷺ: أنَّ رسول الله ﷺ، قَالَ: «بَادِرُوا بِالأعْمَالِ سَبْعاً، هَلْ تَنْتَظِرُونَ إلاَّ فَقْراً مُنْسِياً، أَوْ غِنَىً مُطْغِياً، أَوْ مَرَضاً مُفْسِداً، أَوْ هَرَماً مُفَنِّداً، أَوْ مَوْتاً مُجْهِزاً، أَوْ الدَّجّالَ، فَشَرُّ غَائِبٍ يُنْتَظَرُ، أَوْ السَّاعَةَ وَالسَّاعَةُ أدْهَى وَأَمَرُّ؟!». رواه الترمذي، وقال: (حديث حسن).

Abbaan hureeyraa r.a. nabiin keenya ﷺ akkana jedhan jedhe, "dalagaa toltuutti daddafaa osoo waa torba isinitti hindhufneen duratti, si isin ni eeydanii hiyyumaa irraanfachiiftuu malee,

yookaan durummaa jalliftuu malee, yookaan dhukkuba balleessaa malee, yookaan dulluma dhukkeysaa tahe malee, yookaan du'a gaggeysituu taate male, yookaan dajjaal hamaa dhufuudhaaf eeggamu malee, yookaan qiyaamaa malee qiyaamaan akkaan hadhooytuudha akkaan dhamaaftuudhasi." tirmiziyyi odeesse.

وعنه، قَالَ : قَالَ رسول الله ﷺ : «أَكْثِرُوا ذِكْرَ هَاذِمِ اللَّذَّاتِ». يَعْنِي : المَوْتَ . رواه الترمذي، وقال : ( حديث حسن ).

Abuu hureyraan r.a. nabiin kan akkana jedhanin dhagaye jedhe "murtuu mi'aa jiruu yaadachuu heddumeessaa." du'a itti baanan tirmiziitu galmeesse.

فماذا أعددت له أيها المذنب؟!

Mee du'aaf maal qopheeffatte yaa nama dilaaye?

يا من استأنست بشهوات النفس... وأخلدت إلى رغائبها! أعلمت أن المصير إلى حفرة يا لبؤس ساكنها إن لم يمهدها بالصالحات؟!

تابعت النفس اللجوج... وعما قليل ليأتينك الخبر اليقين!

أيها المسكين! ماذا أعددت لبيت الوحشة... ومثوى الدود؟!

Yaa nama badii dalaguudhaan gammaddu, kan fedhii lubbuu jala butamte. Yaa rakkina achii keessa jiru yoo hojii gaariin ufirraa bal'isuu baatan. Ati yaa ilmanamaa lubbu jallattuu jala deemte. yeroo waa xiqqoo booda oduun dhugaa sitti dhufuuf jiraatta.sun du'a keetii.

Yaa laafticha! Mana sodaachisaa saniif mee maal

qopheeffatte? Mana qabrii kan raammoon keessatti nama nyaattu saniif mee maal qopheeffatte?

قال عمر بن عبد العزيز لبعض جلسائه: (يا فلان، لقد أرقت الليلة، أتفكر في القبر وساكنه، وإنك لو رأيت الميت بعد ثلاثة في قبره؛ لاستوحشت من قربه بعد طول الأنس منك به! ولرأيت بيتًا تجول فيه الهوام! ويجري فيه الصديد! وتخترقه الديدان! مع تغير الريح! وبلى الأكفان! بعد حسن الهيئة، وطيب الريح، ونقاء الثوب»! قال: ثم شهق شهقة خر مغشيًا عليه!).

Guyyaa tokko umar abdul aziiz ummata isa biraa tattaau tokkoon akkana jedhe “yaa jarana eda osoo waayee qabrii yaadu qaaxiraa bule,nama due awwaalame kana osoo guyyaa sadi booda qabrii isaa keessatti gartanii, itti achi dhihaachuu jibbitan.mana raammoon keessa guutte kan eelaan keysa yaa’u kan ajaawu kan uffanni irraa ciccitee dhume gartan,garuu kama duraan yeroo jiru qaamni bareedaa, hafuurri urgaawaa, uffanni qulqulluu ture.” jedheeti eegasii aadinsa guddaa tokko aadee kufee lafa dhayee gaggabe.

أيها المذنب! احذر فظاعة المثوى!

Yaa nama dilaaye mana rifachiisaa quba qabaadhu!

غدًا يثوى الجميع إلى حفرة يبين فيها السعيد من الشقي.. منزل يسعد فيه السعداء.. ويشقى في غمراته التعساء!

Boru yogguu du’e hundi namaa gara boolla hamtuu sanitti gaggeyfama. isii keessatti jallaafii qajeelaan adda baafama. qajeelaan niqanansiifama, jallaataan ni azzabama.

Rabbiin s.w. akka qabeenyaafii ilmaaniin ibaadaa isaarraa hindagamne nudhoowwee jira. Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ لَا تُلْهِكُمْ أَمْوَٰلُكُمْ وَلَآ أَوْلَـٰدُكُمْ عَن ذِكْرِ ٱللَّهِ ۚ وَمَن يَفْعَلْ
ذَٰلِكَ فَأُو۟لَـٰٓئِكَ هُمُ ٱلْخَـٰسِرُونَ﴾ [المنافقون: ٩]

**“Yaa warra amantan! Qabeenyi keessaniifi ilmaan keessan zikrii Rabbii irraa isin hin dagin. Namoonni kana dalagan isaanumatu hoonga’oota.”** (Al-munaafiquun 9)

﴿وَأَنفِقُوا۟ مِن مَّا رَزَقْنَـٰكُم مِّن قَبْلِ أَن يَأْتِىَ أَحَدَكُمُ ٱلْمَوْتُ فَيَقُولَ رَبِّ لَوْلَآ أَخَّرْتَنِىٓ إِلَىٰٓ أَجَلٍ
قَرِيبٍ فَأَصَّدَّقَ وَأَكُن مِّنَ ٱلصَّـٰلِحِينَ﴾ [المنافقون: ١٠]

***“Odoo tokkoon keessanitti duuti dhufnaan ‘Gooftaa kiyya! Odoo hanga beellama gabaabaatti na tursiiftee, silaa dhugumatti, sadaqadheen warra gaggaarii irraayis ta’a’ hin jedhin dura waan nuti isiniif kennine irraa kennadhaa.”*** (Al-munaafiquun 10)

﴿وَلَن يُؤَخِّرَ ٱللَّهُ نَفْسًا إِذَا جَآءَ أَجَلُهَا ۚ وَٱللَّهُ خَبِيرٌۢ بِمَا تَعْمَلُونَ﴾ [المنافقون: ١١]

***“Rabbiin immoo lubbuu tokko yeroo beellamni ishee dhufe hin tursiisu. Rabbiin keessa Beekaa waan isin dalagdaniiti.”*** (Al-munaafiquun 11)

Rabbiin s.w. akkana jedhe

﴿قُلْ يَـٰعِبَادِىَ ٱلَّذِينَ أَسْرَفُوا۟ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِمْ لَا تَقْنَطُوا۟ مِن رَّحْمَةِ ٱللَّهِ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يَغْفِرُ ٱلذُّنُوبَ
جَمِيعًا ۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلْغَفُورُ ٱلرَّحِيمُ﴾ [الزمر: ٥٣]

***“(Yaa Muhammad) jedhi: “Yaa gabroota kiyya kan lubbuu isaanii irratti daangaa dabartan! Rahmata Rabbii irraa abdii hin muratinaa. Dhugumatti Rabbiin balleessa hundaa ni araarama. Inni araaramaa, rahmata godhaadha.”*** (Zumar 53)

﴿وَأَنِيبُوٓاْ إِلَىٰ رَبِّكُمۡ وَأَسۡلِمُواْ لَهُۥ مِن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَكُمُ ٱلۡعَذَابُ ثُمَّ لَا تُنصَرُونَ﴾

[الزمر: ٥٤]

***“Odoo adabbiin isinitti hin dhufin gara Rabbii keessanii deebi’aa, Isaafis ajajamaa. Sana booda hin tumsamtanu.”*** (Zumar 54)

﴿وَٱتَّبِعُوٓاْ أَحۡسَنَ مَآ أُنزِلَ إِلَيۡكُم مِّن رَّبِّكُم مِّن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَكُمُ ٱلۡعَذَابُ
بَغۡتَةً وَأَنتُمۡ لَا تَشۡعُرُونَ﴾ [الزمر: ٥٥]

***“Adabni tasa odoo isin hin beekin isinitti dhufuu dura irra gaarii waan Goftaa keessan irraa gara keessanitti bu’ee hordofaa.”*** (Zumar 55)

﴿أَن تَقُولَ نَفۡسٞ يَٰحَسۡرَتَىٰ عَلَىٰ مَا فَرَّطتُ فِي جَنۢبِ ٱللَّهِ وَإِن كُنتُ لَمِنَ ٱلسَّٰخِرِينَ﴾

[الزمر: ٥٦]

***“Lubbuun “Yaa sheenaa kiyya kanin karaa Rabbii keessatti daangaa dabree, warra qishinan irraa ta’ee!” akka hin jenneef (hordofaa).”*** (Zumar 56)

﴿أَوۡ تَقُولَ لَوۡ أَنَّ ٱللَّهَ هَدَىٰنِي لَكُنتُ مِنَ ٱلۡمُتَّقِينَ﴾ [الزمر: ٥٧]

***"Yookiin "odoo Rabbiin na qajeelchee sila warra Rabbiin sodaatan irraan ta'a ture" akka hin jenneef."*** (Zumar 57)

﴿أَوْ تَقُولَ حِينَ تَرَى ٱلْعَذَابَ لَوْ أَنَّ لِى كَرَّةً فَأَكُونَ مِنَ ٱلْمُحْسِنِينَ﴾ [الزمر: ٥٨]

***"Yookaan yeroo azaaba argite, "carraan (addunyaatti deebi'uu) tokko odoo naaf ta'ee, toltuu dalagdoota irraan ta'a ture" akka hin jenneef."*** (Zumar 58)

﴿بَلَىٰ قَدْ جَآءَتْكَ ءَايَٰتِى فَكَذَّبْتَ بِهَا وَٱسْتَكْبَرْتَ وَكُنتَ مِنَ ٱلْكَٰفِرِينَ﴾ [الزمر: ٥٩]

***"Lakkii; dhugumatti mallattooleen kiyya sitti dhufaniiti, ati isaan sobsiiftee, boontee, kaafiroota irraa taate."*** (Zumar 59)

Kaafirtoonniifii warren ajaj Rabbii didan yeroo du'aan lubbuun isaanii baatu akka hamatti azzabaman. Malaaykaan tumaati ruuhii isaanii baafti.

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿وَلَوْ تَرَىٰٓ إِذْ يَتَوَفَّى ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ ٱلْمَلَٰٓئِكَةُ يَضْرِبُونَ وُجُوهَهُمْ وَأَدْبَٰرَهُمْ وَذُوقُوا۟ عَذَابَ ٱلْحَرِيقِ﴾ [الأنفال: ٥٠]

isaaniitiifi duuba isaanii rukutaa ***"adabbii gubu dhandhamaa" jedhaa fuudhan odoo gartee (dubbii cimaa argita)."*** (Al'an'fal 50)

﴿ذَٰلِكَ بِمَا قَدَّمَتْ أَيْدِيكُمْ وَأَنَّ ٱللَّهَ لَيْسَ بِظَلَّٰمٍ لِّلْعَبِيدِ﴾ [الأنعام: ٥١]

***"Kun waan harki keessan dabarfatteefi (waan) Rabbiinis gabroota miidhaa hin ta'iniifi" (isaaniin jedhama)."*** (Al'an'fal 51)

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿وَمَنۡ أَظۡلَمُ مِمَّنِ ٱفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا أَوۡ قَالَ أُوحِيَ إِلَيَّ وَلَمۡ يُوحَ إِلَيۡهِ شَيۡءٞ وَمَن قَالَ سَأُنزِلُ مِثۡلَ مَآ أَنزَلَ ٱللَّهُۗ وَلَوۡ تَرَىٰٓ إِذِ ٱلظَّٰلِمُونَ فِي غَمَرَٰتِ ٱلۡمَوۡتِ وَٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ بَاسِطُوٓاْ أَيۡدِيهِمۡ أَخۡرِجُوٓاْ أَنفُسَكُمُۖ ٱلۡيَوۡمَ تُجۡزَوۡنَ عَذَابَ ٱلۡهُونِ بِمَا كُنتُمۡ تَقُولُونَ عَلَى ٱللَّهِ غَيۡرَ ٱلۡحَقِّ وَكُنتُمۡ عَنۡ ءَايَٰتِهِۦ تَسۡتَكۡبِرُونَ﴾ [الأنعام: ٩٣]

***"Nama Rabbi irratti kijiba odeesse yookiin odoo wahyiin homaatuu isatti hin beeksifamin 'wahyiin gara kiyyatti bu'eera' jedheefi nama 'anis fakkaataa waan Rabbiin buuseetiin buusa' jedhe caalaa namni miidhaa hojjate eenyu? Odoo yeroo miidhaa hojjattoonni haguuggaa du'aa keessa ta'anii malaykonnis harka isaanii diriirsanii 'lubbuu keessan baasaa; har'a isin waan Rabbi irratti dhugaan alaa jedhaa turtaniifi keeyyattoota Isaa irraa boonaa turtaniif, adabbii salphisaa galata galfamtu' (jedhanu) argitee (dubbii rifachiisaa argita ture)."*** (Al'an'aam 93)

﴿وَلَقَدۡ جِئۡتُمُونَا فُرَٰدَىٰ كَمَا خَلَقۡنَٰكُمۡ أَوَّلَ مَرَّةٖ وَتَرَكۡتُم مَّا خَوَّلۡنَٰكُمۡ وَرَآءَ ظُهُورِكُمۡۖ وَمَا نَرَىٰ مَعَكُمۡ شُفَعَآءَكُمُ ٱلَّذِينَ زَعَمۡتُمۡ أَنَّهُمۡ فِيكُمۡ شُرَكَٰٓؤُاْۚ لَقَد تَّقَطَّعَ بَيۡنَكُمۡ وَضَلَّ عَنكُم مَّا كُنتُمۡ تَزۡعُمُونَ﴾ [الأنعام: ٩٤]

***"Dhugumatti isin kophaa taatanii akkuma yeroo jalqabaa isin uumnetti Wantoota Nuti isiniif kennine hunda dugda duuba keessanitti dhiiftanii gara keenya dhuftaniittu. Nuti manguddoota (taabota) keessan kan isin "kun warra Rabbiin waliin gabbarru" jedhaa turtan isin wajjiin hin arginu. (Hariiroon) giddu keessanii dhugumatti citeera. Wanti isin mormaa turtanis isin jalaa badeera."*** (Al'an'aam 94)

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿ فَكَيۡفَ إِذَا تَوَفَّتۡهُمُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ يَضۡرِبُونَ وُجُوهَهُمۡ وَأَدۡبَٰرَهُمۡ ﴾ [محمد: ٢٧]

***"Yeroo maleeykonni fuula isaaniitiifi dugda isaanii rukutuun isaan ajjeesan akkam tahuu taa'an?"*** (Muhammad 27)

﴿ ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمُ ٱتَّبَعُواْ مَآ أَسۡخَطَ ٱللَّهَ وَكَرِهُواْ رِضۡوَٰنَهُۥ فَأَحۡبَطَ أَعۡمَٰلَهُمۡ ﴾ [محمد: ٢٨]

***"Kun waan isaan wanta Rabbiin dallansiisu hordofanii jaalala Isaa (Rabbii) jibbaniifi. Kanaafuu (Rabbiin) dalagaa isaanii balleesse."*** (Muhammad 28)

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿ ٱلَّذِينَ تَتَوَفَّىٰهُمُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ ظَالِمِيٓ أَنفُسِهِمۡۖ فَأَلۡقَوُاْ ٱلسَّلَمَ مَا كُنَّا نَعۡمَلُ مِن سُوٓءِۭۚ بَلَىٰٓۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمُۢ بِمَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ ﴾ [النحل: ٢٨]

***"(Isaan) warra lubbuu isaanii miidhoo ta'anii maleeykonni isaan ajjeesaniidha. Hamtuu tokkollee kan dalagnu hin turre jechuun ajajamoo ta'uu isaanii***

***(sobaan) ibsu. "Lakkisaa dhugumatti, Rabbiin waan isin hojjachaa turtan beekaadha."*** (Annahli 28)

﴿ فَٱدۡخُلُوٓاْ أَبۡوَٰبَ جَهَنَّمَ خَٰلِدِينَ فِيهَاۖ فَلَبِئۡسَ مَثۡوَى ٱلۡمُتَكَبِّرِينَ ﴾ [النحل: ٢٩]

***"Ishee keessatti kan haftan ta'aatii balbala Jahannam seenaa." (isaaniin jedhama). Dhugumatti, teessoon boontotaa waa fokkate."*** (Annahli 29)

﴿وَقِيلَ لِلَّذِينَ ٱتَّقَوۡاْ مَاذَآ أَنزَلَ رَبُّكُمۡۚ قَالُواْ خَيۡرٗاۗ لِّلَّذِينَ أَحۡسَنُواْ فِي هَٰذِهِ ٱلدُّنۡيَا حَسَنَةٞۚ
وَلَدَارُ ٱلۡأٓخِرَةِ خَيۡرٞۚ وَلَنِعۡمَ دَارُ ٱلۡمُتَّقِينَ﴾ [النحل: ٣٠]

***"Isaan (Rabbiin) sodaataniin "Gooftaan keessan (Muhammad irratti) maal buuse?" jedhame. "Gaarii (buuse)" jedhan. Warra toltuu hojjataniif addunyaa kana keessatti (jiruu) gaariitu jira. Manni Aakhiraa immoo irra caalaadha. Gandi warra (Rabbiin) sodaatanii waa tole!"*** (Annahli 30)

﴿ جَنَّٰتُ عَدۡنٖ يَدۡخُلُونَهَا تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُۖ لَهُمۡ فِيهَا مَا يَشَآءُونَۚ كَذَٰلِكَ يَجۡزِي ٱللَّهُ
ٱلۡمُتَّقِينَ ﴾ [النحل: ٣١]

***"(Isheen) Jannata qubsumaa jala ishee laggeen kan yaatu taatee, Ishee keessa wanti isaan fedhan isaaniif ta'uun kan ishee seenaniidha. Akka kanatti Rabbiin sodaattota (Isaa) mindeessa."*** (Annahli 31)

﴿ ٱلَّذِينَ تَتَوَفَّىٰهُمُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ طَيِّبِينَ يَقُولُونَ سَلَٰمٌ عَلَيۡكُمُ ٱدۡخُلُواْ ٱلۡجَنَّةَ بِمَا كُنتُمۡ
تَعۡمَلُونَ ﴾ [النحل: ٣٢]

***“(Isaan) warra gaggaarii ta’anii maleykonni “nageenyi isin irratti haa jiraatu; waan hojjachaa turtaniinis jannata seenaa” jedhaa isaan ajjeefteedha.”*** (Annahli 32)

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿وُجُوهٌ يَوۡمَئِذٖ نَّاضِرَةٌ ٢٢ إِلَىٰ رَبِّهَا نَاظِرَةٞ ٢٣ وَوُجُوهٞ يَوۡمَئِذِۭ بَاسِرَةٞ ٢٤ تَظُنُّ أَن يُفۡعَلَ بِهَا فَاقِرَةٞ ٢٥ كَلَّآ إِذَا
بَلَغَتِ ٱلتَّرَاقِيَ ٢٦ وَقِيلَ مَنۡۜ رَاقٖ ٢٧ وَظَنَّ أَنَّهُ ٱلۡفِرَاقُ ٢٨ وَٱلۡتَفَّتِ ٱلسَّاقُ بِٱلسَّاقِ ٢٩ إِلَىٰ رَبِّكَ يَوۡمَئِذٍ
ٱلۡمَسَاقُ ٣٠ فَلَا صَدَّقَ وَلَا صَلَّىٰ ٣١ وَلَٰكِن كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰ ٣٢ ثُمَّ ذَهَبَ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِۦ يَتَمَطَّىٰٓ ٣٣ أَوۡلَىٰ لَكَ
فَأَوۡلَىٰ ٣٤ ثُمَّ أَوۡلَىٰ لَكَ فَأَوۡلَىٰٓ﴾ [القيامة: ٤٣]

***Fuulli gariin Guyyaa san iftuudha.*** (Al Quamah 22).

***Gara Gooftaa ishees ilaaltuudha.*** (Al Quamah 23).

***Fuulli gariinis Guyyaa san akkaan suntuurtuudha.*** (Al Quamah 24).

***Balaan guddaan ishee irratti raawwatamuu yaaddi.*** (Al Quamah 25).

***Dhaga’aa! Yeroo (lubbuun ba'uuf) kokkee bira geesse,*** (Al Quamah 26).

***(Yeroo) “eenyutu isa yaala?” jedhame,*** (Al Quamah 27).

***(Namni du’aa jiru sun) ‘dhugumatti, inni (addunyaa kana irraa) adda ba’uu dha’ jechuu yeroo mirkaneeffate;*** (Al Quamah 28).

***(Yeroo) mogoleen mogoleetti maramte.*** (Al Quamah 29).

***Guyyaa san oofamiinsi gara Gooftaa keetiiti.*** (Al Quamah 30).

Hin amanne; hin salaanne. (Al Quamah 31).

***Garuu kijibsiisee irraa gara gale.*** (Al Quamah 32).

***Ergasii boonaa gara maatii isaa deeme.*** (Al Quamah 33).

***Badiin siif haa ta'u! Ammas badiin!*** (Al Quamah 34).

***Sana booda badiin siif haa ta'u! Ammas badiin!*** (Al Quamah 35).

# SABABAA AZAABA QABRII

Sababaan azaaba qabrii namatti fidu badiilee hedduutu jira. Sanneen keessaa kan itti aanu saglan kana laaluun nidandayama.

## 01 FARADAAAN NAMA WALDHABSIISUU.

## 02 FINCAANIRRAA QULQULLAAWUU DHABUU.

عن ابن عباس رضي الله عنهما عن النَّبيِّ ﷺ أنه مر على قبرين، فقال: «إِنَّهُمَا لَيُعَذَّبَانِ وَمَا يُعَذَّبَانِ فِي كَبِيرٍ، أَمَّا أَحَدُهُمَا: فَكَانَ لاَ يَسْتَتِرُ مِنَ الْبَوْلِ، وَأَمَّا الآخَرُ فَكَانَ يَمْشِي بِالنَّمِيمَةِ».

Abdallah ibnu abbas irraa odeeffamee nabiin ﷺ qabrii lamarra dhufanii akkana jedhan jedhe "isaan lameen kuni azzabamaa jiran. Waan guddaafii miti kani azzabaman, tokkoon isaan lamaanii fincaanirraa hinqulqulleefatu ture. Kan hafemmoo faradaan nama jidduu deemee waldhabsiisaa ture.

## 03 NAMA HAMACHU-

عن أبي يعلى بن شبابة رضي الله عنه: أَنَّ النَّبِيّ ﷺ مَرَّ عَلَى قَبْر يُعَذب صَاحِبه فَقَالَ: «إِنَّ هَذَا كَانَ يَأْكُل لُحُوم النَّاس، ثُمَّ دَعَا بِجَرِيدَةٍ رَطْبَة». الحديث، رواه أحمد، والطبراني ورواته موثوقون .

Abbaa ya'ilaa bin shabaabaa irraa odeeffame " nabiin qabrii takka tan abbaan isii azzabamurra dhufee " kuni foon namaa nyaachuu ture jedhe, eegasii dame mukaa jiituu fidaa jedhee irra kaaye" ahmadiifii xabraaniitu odeesse.

## 04 BOOJUU HATUU

ويدلّ على ذلك: حديث أبي هريرة ﷺ قال: خَرَجْنَا مَعَ النَّبِيِّ ﷺ إِلَى خَيْبَرَ، فَفَتَحَ اللَّهُ عَلَيْنَا فَلَمْ نَغْنَمْ ذَهَبًا، وَلَا وَرِقًا؛ غَنِمْنَا الْمَتَاعَ، وَالطَّعَامَ، وَالثِّيَابَ، ثُمَّ انْطَلَقْنَا إِلَى الْوَادِي وَمَعَ رَسُولِ اللَّهِ ﷺ عَبْدٌ لَهُ... فَلَمَّا نَزَلْنَا الْوَادِي قَامَ عَبْدُ رَسُولِ اللَّهِ ﷺ يَحُلُّ رَحْلَهُ، فَرُمِيَ بِسَهْمٍ فَكَانَ فِيهِ حَتْفُهُ، فَقُلْنَا: هَنِيئًا لَهُ الشَّهَادَةُ يَا رَسُولَ اللَّهِ، قَالَ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ: «كَلَّا وَالَّذِي نَفْسُ مُحَمَّدٍ بِيَدِهِ، إِنَّ الشَّمْلَةَ لَتَلْتَهِبُ عَلَيْهِ نَارًا، أَخَذَهَا مِنَ الْغَنَائِمِ يَوْمَ خَيْبَرَ لَمْ تُصِبْهَا الْمَقَاسِمُ». قَالَ: فَفَزِعَ النَّاسُ .

hadiisa abii hureyraatti akka ibsametti lola kheybar keessatti gurbaa du'e tokko abaan hureyraa "gammachuun isaaf taate karaa Rabbii keessatti wareegamee jenne dubbannaan nabiin ﷺ akki jedhe "akkasii miti Rabbii lubbuun Muhammad harka isaa jirtuun kakadhee hansoolattii boojuu keessaa hate ibidda isatti qabsiisaa jirti tan osoo boojuun hinqoodamin guyyaa kheybaraa dhooysee fudhate" fathulbaarii 10/6052

• وهناك أسباب لعذاب القبر جاءت في حديث طويل، رواه البخاري من حديث سمرة بن جندب، في قصة رؤيا النّبيّ ﷺ مع الملَكين، فرأى أنواعًا من عذاب القبر، وذكر له الملكان سبب كل عذاب رآه، ومن ذلك:

Sababaan azaaba qabrii namatti fidu kanneen biraa hadiisa samuraa binu jundub odeesse dheeraa nabiin manaamaan

deemee malaaykaan wajji warra azzabamu hedduu argee, sababaa itti azzabamanis gaafatee himaniifii ibbse, sankeessaa kanneen itti aanu kana.

## 05 QUR'AANA DHIISUU FII DIDUU.

## 06 SALAATA FARDII IRRAA RAFUU.

ويدلّ على ذلك: ما جاء في حديث سمرة بن جندب ﵁ قال النَّبيُّ ﷺ في قول الملكين: «أَمَّا الَّذِي يُثْلَغُ رَأْسُهُ بِالْحَجَرِ، فَإِنَّهُ يَأْخُذُ الْقُرْآنَ فَيَرْفِضُهُ، وَيَنَامُ عَنْ الصَّلَاةِ الْمَكْتُوبَةِ».

Kanatti wanni nuqajeelchu dubbima hadiisa samuraa binu jundub keessatti dhufe nabiin ﷺ akki jedhe "maleeykaan lamaan akki naan jedhen namtichi mataan isaa dhagaan dhawamee bashyfamu (buruyfamu0 sun nama qur'aana baree qara'uu dide, kan salaata fardii irraa rafu."

## 07 KIJIBA RAGAAN

ويدلّ على ذلك: ما جاء في حديث سمرة بن جندب ﵁ قال النَّبيُّ ﷺ في قول الملكين: «وَأَمَّا الرَّجُلُ الَّذِي أَتَيْتَ عَلَيْهِ يُشَرْشَرُ شِدْقُهُ إِلَى قَفَاهُ، وَمَنْخِرُهُ إِلَى قَفَاهُ، وَعَيْنُهُ إِلَى قَفَاهُ، فَإِنَّهُ الرَّجُلُ يَغْدُو مِنْ بَيْتِهِ فَيَكْذِبُ الْكَذْبَةَ تَبْلُغُ الْآفَاقَ».

Kanatti wanni nuqajeelchu dubbima hadiisa samuraa binu jundub keessatti dhufe nabiin ﷺ akki jedhe "maleeykaan lamaan akki naan jedhen " ammo namtichi irra dhufte kan mallaan (boqoon) isaa hanga qonyee isaatti dhoofamtu,funyaan isaa hanga qonyee isaatti ijji isaa hanga qonyee isaatti dhoofamtu namticha ganama mana isaatii bobbahee kijiba takka kijibu kan isiin tamsaatee moggaa biyyaa geessu sani" jedhan.

## 08 SAGAGGAALUMMAA-

ويدلّ على ذلك: ما جاء في حديث سمرة بن جندب ﵁ قال النَّبيُّ ﷺ في قول الملكين: «وَأَمَّا الرِّجَالُ وَالنِّسَاءُ الْعُرَاةُ الَّذِينَ فِي مِثْلِ بِنَاءِ التَّنُّورِ؛ فَإِنَّهُمُ الزُّنَاةُ، وَالزَّوَانِي»، وفي أول الحديث قال النَّبيُّ ﷺ: «فَأَتَيْنَا عَلَى مِثْلِ التَّنُّورِ،... فَإِذَا فِيهِ لَغَطٌ وَأَصْوَاتٌ»، قَالَ: «فَاطَّلَعْنَا فِيهِ فَإِذَا فِيهِ رِجَالٌ وَنِسَاءٌ عُرَاةٌ، وَإِذَا هُمْ يَأْتِيهِمْ لَهَبٌ مِنْ أَسْفَلَ مِنْهُمْ».

Kanatti wanni nuqajeelchu dubbima hadiisa samuraa binu jundub keessatti dhufe nabiin ﷺ akki jedhe "maleeykaan lamaan akki naan jedhen " ammo dhiiraafii dubartiin waan akka mana furnoo keessatti qullaa walitti qabanii gubaman dhiiraafii dubartii zinaa godhani jedhan."

## 09 DHALA NYAACHUU

ويدلّ على ذلك: ما جاء في حديث سمرة بن جندب ﵁ قال النَّبيُّ ﷺ في قول الملكين: «وَأَما الرَّجُلُ الَّذِي أَتَيْتَ عَلَيْهِ يَسْبَحُ فِي النَّهَرِ، وَيُلْقَمُ الْحَجَرَ؛ فَإِنَّه آكِلُ الرِّبَا».

hadiisa samuraa binu jundub keessatti namnitichii "namtichi laga galaana dhiigaa daaku kan dhagaan afaanitti darbamu sun nama dhala nyaatu" jedhan.

وقد ذكر ابن القيِّم رحمه الله أسباب عذاب القبر، والأسباب المنجّية منه، فانظر كتابه: (الروح) للاستزادة.

Iibnul qayyim waantoota azaaba qabrii namatti fiduufii waan jalaa nama baasus ibsanii jiran, kitaaba isaanii ruh kan jedhamu keessatti laallachuun nidandaya.

# DHUMARRATTI

Hundi keessan Rabbi sodaadhaa, mana sodaachisaa kitaaba kana keessatti dubbatame kanaaf qophaawaa. ibaadaa Rabbiitti jabaadha badirraa fagaadhaa. nuufii isiniifi muslimtoota hunda balaa duniyaa, azaaba qabriitiifii azaaba jahannam  jalaa Rabbi nuhaabaasu.

Shekhjamaal shekh Muhammad abbaa xaalib

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# MANA KEE KA DU'A BOODAA YAADADHU

Kitaabni kuni waayee mana du'a boodaa (qabrii) yaadachuun barbaachisaa tahuu nama hubachiisa.




IslamHouse.com
Osoul Center
www.osoulcenter.com